Kadhannaa Ol’aantummaa Ganuuf Taasifamu

Yaa Abbaa, waan bareechitee na uumtef galanni siifa yaa ta’u. Waan najaallattuf akkasumas kan kee gootee waan nawaamteef sin galateeffadha. Carraa guddicha isa Yesus Kiristoos hordofuudhaf naaf kenniteef sin galateeffadha.

Namoota irratti ol’aantummaa argachuuf fedhii qabaachuu kootif dhiifama naaf godhi. Fedhii akkasii guutumaa guututti nan gana. Namoota biroo akkan caalu yaadudhaan gammachuun akka natti dhagahamu hin fedhu. Akkuma namoota biroo cubbamaa ta’uu koo nan hubadha, sirraa adda ba’ee waan tokkollee hojjechuu hin danda’u.

Garee yookin sanyii ol’aantummaa qabu irraa akkan argame yaaduu kootif shiifama nan gaafadha. Ija kee full duratti namoonni hundi wal-qixa ta’uu isaanii nan fudhadha.

Namoota ibaa tuffachuudhan akkasumas fudhachuu dhiisudhaan jechootan dubbadhe hundaaf dhiifama kee akka naaf kennitu sin kadhadha.

Namoonni sababa sanyii, saala, qabeenya yookin barnoota isaanitiin gadi aantota akka ta’an yaaduu nan balaaleffadha.

Bakkee argama keetitti ayyaana keetin qofa dhaabbachuun akka naaf ta’u nan fudhadha. Firdii namootaa hunda iraa of nan foo’a, akka na fayyistus si qofatti nan abdadha.

Keessumattuu Islaamummaan namoonni ququlluun ol’aantummaa akka qaban, Islaamummaan namoota akka galmaan ga’u, akkasumas Musliimoonni warra Musliima hin taane akka caalan barsiisa barsiisu nan gana.

Dhiironni dubartoota akka caalan barnoota barsiisu nan gana.

Yaa Waaqayyo Abbaa samii irra jiraattu, miira ol’aantummaa sobaa ganuudhan si tajaajiluuf filadheen jira.

Yaa Gooftaa galma ga’uu namoota ibaatin gammaduuf nan filadha. Namootatti inaafuu nan gana, hin keessummeessu.

Yaa Gooftaa sababa keetin eenyummaan argadhe sirriitti hubachuu akkan danda’u na gargaari. Ija Ati ittiin na ilaaltu beekuu akkan danda’u na gargaari. Eenyummaa Ati ittiin an uumte fudhachuu akkan danda’u na gargaari.